# Mootummaan Faashistii Wayyaanee FDG itti fufinsaan gaggeeffama jiruun raafamee maqaa walga'ii jedhuun olola afaan faajjeessaa diriirsuun barattoota dhabbilee barnoota olaanoo jeequuf karoorfate.

Waxabajjii 17/2014 Mootummaan Wayyaanee uummata Oromoo ukkamsee bituuf takkaa rafee bulee hin beeku, galgalaa ganama olola afaan faajjii uummun gaaffii mirga uummaatni, dargaggootni, barattootni ,barsiisotni, hojjettootni fi uummaanni Oromoo hundi irraatti kaasaa jiruu fi FDG irratti gaggeessuun qabsoo mirga abba biyyummaa irratti gaggeeffama jiru dura dhaabbachuuf, humna waraanatti fayyadamuun uummata meeshaa waatu of harka hin qabne fixaa jira. sana irraas darbee ija jabinaan tarkaanfiin fudhatame sirriidha jedhaa jedhee karaa dabballoota isaa olola afaan faajjeessa asiin dura gaggeessuuf yaade uummaanni harkatti fashaleessuun isin warra hirmiidha, warra guyyaa nu ajjeesse, waliin hin dubbannu waan jedheef, qaanii uffate ture.Yeroo amma immoo gara humna barattoota Oromoo dhaabbilee barnoota Olaanoo irraatti xiyyeeffannaa addaa gochuun warraqsaa FDG gara dabarsuu fi ololaa afaan faajjeessa ofuuf barattoota dhaabbilee barnoota Olaanoo irra jiran ganna (summery) fuldura keenya jiru kana guutuu Yuunibarsiitii naannoo naannoo maatii keessanii jiru irraatti wal ga'ii teessuu mallatteessa jechuun dhaabbilee barnoota olaanoo kanneen akka Yuunibarsiitii irratti barattoota mallatteesisa jiraachuun saaxilamee. Barattootni Oromoo nuti hin mallatteesinu wayyaanee waliinis wal ga'ii miti karaa nuti darbine wayyaaneen darbuu hin qabdu nuti hirmiidha jechuun balaaleffachaa jiru.

Haala kana erga murteessee booda wayyaaneen yuunibarsiitii Mattuu irratti yaaliidhaaf yeroo eegaluu mormii guddaan barattoota irraa isa mudatee barattoota Oromoo 17 birroo naamuusaa kan mooraa Yuunibarsiitii Mattuutti waamuun doorsiisuu fi akeekkachiisa itti kennuun ibsamee jira.

Haaluma kana fakkaatuun mootummaan abbaa irree gaanfa Afrikaa Wayyaanee TPLF/EPRDF/OPDO'n dargaggootni barattootni Oromoo FDG wal irraa hin citnee narraatti gaggeessaa jiru jechuun olii gadii fiigee mooraa dhaabbilee barnootaa irratti shira barattoota irratti dalaguuf maqaa walga'ii teessuu jedhuun barattoota mallatteesisuuf yaalii gochaa jira.

Hoggansii qeerroo bilisummaa Oromoo Godina Dhiha Oromiyaa akkeeka

wayyaaneen ololaa afaan faajjii baattee fiigdu kanarratti dammaquun ''Wayyaaneen kaleessa fi har'aa uummata keenya irraatti yakka ajjeechaa duguugginsa sanyii (genocide) gaggeessa jirtu, fi ilmaan Oromoo Godina Harargee Hammaaressa keessatti asiin fuldura illee
Dargii fi wayyaaneen ajjeessaani dhoksanii awwalan har'a qotee baasee bineensa nyaachisaa utuu jiruu, ilmaan Oromoo balleessa malee jumlaan hidhaatti guuree dararaa utuu jiru, har'a walga'ii maalii ijoollee Oromoo teessisuuf saganteeffate??

Yaa Oromoo bakka jirtuu dammaqii qajeelfama kamuu mootummaan Wayyaanee baaftu hin fudhatiin, mootummaan wayyaanee irraa gaaffii gurguddaa qabna innis:
1ffaa, wayyaaneen Uummataa Oromoodhaaf hirmiidha, gumaan uummata Oromoo loltoota wayyaaneen ajjeffamanii kanfalamuu qaba, wayyaaneen yakka ajjeechaa uummata keenya irratti raawwacha jiruuf itti gaafatamuu qabdi.

2ffaa Ilmaan Oromoo jumlaan hidhaatti guuramanii dararamaa jiran haalduree tokko malee hiikamuu qabu.

3ffaa Hoomaan Waraanaa Mooraa dhaabbilee barnoota Oromiyaa keessatti argaman keessa qubsiifamanii fi godinaalee Oromiyaa irra qubsiifamuun uummata keenya irratti yakkota akka ajjeechaa, saamicha, doorsisa, guddeeddii, fi sarbinsa mirga namummaa fi dimookiraasii gochaa jiruu atattamaan nurra kaafamuu qaba.
4ffaa Shoroorkeessii gaaffii mirgaa karaa nagaa gaaffanneef uummata keenya irra kaa'amee wayyaaneen nu shororkeessaa jiru nurraa dhaabbachuu qaba.
5ffaa Gaaffiin mirga abbaa biyyummaa uummata Oromoo kabajamuu qaba. gaaffii keenyaaf deebiin nuuf kennamuu qaba.
6ffaa, Maqaa Master plaanii jedhuun adeemsi Oromoo lafaa fi qe'ee isaa irra buqqisuuf ariifachaa jiru dhaabbachuu qaba. maaster plaaniin Finfinnee haqamuu qaba.
7ffaa Bulchiinsi magaalaa guddoo Oromiyaa Finfinnee bulchiinsa mootummaa naannoo Oromiyaa jalatti buluu qaba, galiin magaalaa finfinnee irra argamuu misooma Oromiyaaf ooluu qaba jechuun irra deebi'uun dargaggootni qeerroon barattootni Oromoo gaaffii rakkoo waliigala uummata Oromoo tamsaasuu eegalan.

Kanaafuu Barattootni Oromoo Walga'ii wayyaaneen Afarsaa jirtuu irratti gaaffii mirga abbaa biyyuummaa gaaffii keenya gaaffachaa jirruu finiinsuun FDG irratti kaachiisuun dura dhaabbanna jechuun

ilmaan Oromoo hundaaf dhaamsa dabarse.
Injifannoon Ummata Oromoof!!.